Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa,
Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)

National Youth Movement for
Freedom and Democracy (NYMFD)

# ‘Basaastuu fi Basaastummaa’ Da’annoo Godhachuun Olola Qabsoo fi Qabsa’ota Bilisummaa Oromoo irratti oofama Jiru Ilaalchisee Ibsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo Irraa Kenname.

**Caamsaa 11,2016**

**Finfinnee**

Ololli torbaan muraasa darbaan irraa kaasee dhimmа ‘Basaastuu fi Basaastumma’ jedhu jala dhokachuun Qasbsoo fi Qabsa’ota Bilisummaa Oromoo irraatti oofamaa jiru qaama imaammata diinni Sochii Qeerroon Bilisummaa Fincila Gabrummaatti Xumura gochuuf saganteeffate maseensuuf wiixinate ta’uun isaa sabboontota Oromoo maraaf ifaa ta’uu qaba. Basaastota diinaa saaxiluu qofa osoo hin taane qindoomina gahaa horataa deemuun hundee ishee mancaasuuf qabsa’uun eejjennollee Qerroo Bilisummaa Oromoo masakan keessaa isa anagafa.

Sadarakaa Qabsoon saba keenya amma irra jirtu kanatti Basaastota diinni jaarmolee keenyatti bobbaafatu damaqinaan of irraa tiksuun dirqama sabboontota Oromoo hundaati. Keessattuu, sochii murteessaa Qeerroon yeroo ammaa geggeessaa jiru irraa basaastota diinaaf hojjetan dammaqanii tiksuun qabsicha shaffisaan milkeessuu keessatti gahee guddaa xabata. Tika sabboontotni ilmaan Oromoo milkaa’ina sochii isaaf godhan hunda Qeerroon ni kunuunsifata. Odeeffannoolee qabatamoo kan basaastota Qabsoo Bilisummaa Oromoo saaxilan Qeerroon akka gumaacha qabsootti keessumeessa. Keessaanis ta’e alaan sochii Qeerroon mirga Ummata isaa deebisuuf godhaa jiru kannneen diinaaf basaasan yogguu saaxilumuu qabu. Qeerroon yeroo fi haala barbaachisaa tahan keessatti waayiloota qabsoo haqaa waliin ta’uun basaastota diinaa saaxiluu qofa osoo hintaane tarkaanfilee jajjaboo tahan irratti fudhataa as gahe. Gara fuul-duraattis Qabsoo saba keenya miidha diinaa irraa baraaruuf, basaastota keessaa fi alaan jaarmaa Qeerroo fi guutumaaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo irraatii baba’anii irraatti tarkaanfiilee barbaachisaa tahan fudhachuu irraa Qeerroon of-duuba hindeebu.

Wayyaaneen imaammata ‘Gargar Qoodanii Bulchu’ jedhuun hoogganamtee ummata keenya sadarkaa gandaatti tokko-shaneen hidhuun sirna basaastummaa daanga hinqabneen biyya keenya saamaa jiraachuun ishee waan haalamu miti. Qeerroon sirna tikaa wal xaxaa ta’e kana keessatti naamusa cimaan of-ijaaruun mirga saba isaa falmuu eegale. Qeeroon funyaan diinaa jala ta’ee gootummaa fi hubannoo cimaadhaan sochii Dargaggoota Oromoo kan gabroonfattuu Wayyaanee raasaa jiru kanaaf hooggansa gahaa kennaa as gahe. Qeerroon Saba Oromoo qofaaf osoo hintaane saboota cinqurfamoo biyyatti guutummaaf abdii jijjiirama dhugaa kan ta’uu danda’e dirree irratti wareegama qaqqalii gomachuudhaan malee toora internetaan olola afarsuudhaan hinturre.

Qeeroon sirna tika wal-xaxaa wayyaaneen biyyatti keessatti diriirfate diiguudhaaf yommuu murteeffatu diinni inni waliin falmaa oolu sun hojii basaastummaan jaarmaa isaa dhabamsiisuuf hinyaalu amanitti jedhu qabaate miti. Akkuma Qeerroon dantaa saba isaaf jecha maadheelee fi waajjiroota Wayyanee keessaa icitii ishee guyyuu saaxila oolu, Wayyaneen ammoo qabsoo Bilisummaa Oromoo laamsheessuuf qabeenya miliyoonotaan shallagamu ramaddee basaasota hedduu akka isheen bobbaafataa jirtu ifaadha. Ololli torban lamaan darban kana Qeerroo fi Qabsoo Bilisummaa Oromoo irratti oofamaa jirus haala dirree irraa calaqqisu kana keessatti xiinxalamuu qaba. Kanneen qabsoo saba keenyaa keessaan laamshessuuf hojjetan kaleessas turaniiru, boris jiraachuu malu. Haata’u malee, ololli dhimma kana ilaalchisee Qeerroo fi caasaa Qeerroo irratti oofamaa jiru dhugaa irraa kan fagaate ta’uu isaa jaallatoota Qabsoo Bilisummaa Oromoo hundaaf mirkaneessuu feenna.

Dhugaan qalbeeffatamuu qabu tokko, Qabsoon Oromoo sadarkaa basaastummaa diinaan dhabamu danda'u bira taree jira. Nuti Qeerroon Bilisummaa basaasaas ta'e waraanaa diina sodaa mirga saba keenya darbarsiinee hinlaannuu, biyya keenyas diinaaf dhiifnee hinbaqannu. Bilisummaa saba keenya dhugoomsuuf, lubbuu Gootota keenya qofaan osoo hintaane dhiiga obbolaa keenya godinaalee Oromiyaa keessatti dhangala'aa jiruun waadaa waliif seenne. Hoogganni Qeerroos kanneen dirree Internetii irratti biyyaa alaa keessaa wal nyaataa oolan irraa osoo hintaane warra saba isaanii waliin qabsoo hadhooftuu dhandhamuuf murteeffatan irraa handhuraa Oromiyaa keessatti ijaarame. Haata'u malee, diinni dhaaba isaan falmu tokko basaasaan dhabamsiisuuf yaaluun waan haarawaa Qabsoo Oromoo qofa keessatti dhalate miti. Qeerroon dirqama seenaa kana yommuu ofitti fudhatu shira basaastoota Wayyaanee kan har'a Wayyaaneen dalagaa jirtu kana dagatee osoo hintaane qabsa'uun karaa tokkicha umnmata keenya gama mirga isaatti fidu danda'u ta'uu isa waan amaneef qofa. Qeeroon haala akkaan rakkisaa ta'e keessatti wareegama ulfaataa baasuuf murteeffate, wareegamichis firii eenyuyyuu haaluu hindandeenye horeera!

Dimimmisni biiftuu jijjiirama dhugaa ulfaa'e biyyaa keenya keessatti akka gaaddisa'uuf shoora guddaa kan gumaachaa jiru wareegama miseensotni Qeerroo baasaa jiran ta'uu isaa kan haalu wayyaanee fi gartuuwwaan interneta irratti isheen bobbafachaa jirtu qofa. Dhugaan kun osoo beekuma warri yeroo ammaan tana hooggana Qeerroo fi guutummaa Qasbsoo Bilisummaa irraatti olola akkaan diigaa ta'e oofaa jiran kanneen dirqama diina irraa fudhatan dalagaa irraa oolchuuf ijibaataa jiran jennee amana. Ololli yeroo ammaa Qeerroo fi Qabsoo Bilisummaa irratti oofamaa jiru irra-guddeessi isaa warra biyya alaa (diaspora) keessaa madda. Ololli kun yeroo ammaa tana xiqqaatu gartuu sadii oofamaa jira:

Gartuun tokkoffaan namoota afaaniin qabsa'oota Oromoo of fakkeessan dalagaadhaan garuu faallaa Oromummaa hojjetan hammata. Isaan kun irra-guddessii isaanii baqattummaan biyyaa alaa keessa jiraatan keessaa mul'atu. Gartuun kun basaasota wayyaaneen bobbaafatte waliin hidhata cimaa godhachuun Qabsoo Bilisummaa Oromoo dhabamsiisuuf halakanii-guyyaa hojjetaa oolu. Itti hinmilka'iin iyyuu malee maqaa fi hojii miseensota Qeerroo diinaaf saaxiluuuf tattafataa turan, tattaafatas jiru. Jarri kun Wayyaanee waliin shariika dantaa ummatanii lafa Wayyaaneen ummata keenya irraa buqqaasaa jirtu bitachuun dantaa ofiif oolfataa jiru. Yeroo ilmaan Oromoo diinaan dhumaa jiran kanatti nagadaa adda-adda biyya keessatti dhaabbatanii firaa fi aantee isaani tiin sochoosaa jiru. Hoijii basaastummaa Wayyaaneetti babba'uun ummatni keenya diaspora jiraatu walii isaa jidduutti nagaa akka hinargannee fi qabsoo isaa akka hintumsineef yeroo yeroon olola oomishuun jeequmsa hinmalle uumaa oolu. Tokkummaa saba keenya diiguun dalagaa gartuu kanaa isa angafa. Qabsa'oota fakkatanii olola summii guutuame facebook fi emailiin facaasaa oolu. Isaan kun akka garaa isaanii fi hamma garaa isaanii biyyatti galanii Wayyaanee waliin shubbisaa turan, shubbisaas jiru. Isaan kun afaaniin mirga saba Oromoo dubbachaa dalagaan garuu hojii diinummaa raawwachaa oolu. Qeerroon akka isaan gochaa isaanii fokkataa kana irraa dhaabbatan ammas deebisee waamicha godhaaf.

Gartuun lameeffaan kanneen social media qofaan Qeerroo hoogganuuf abalanii garuu itti milkaa'uu hanqatan hammata. Isaan kun hooggana Qeerroo of-fakkeessuuf karaa maayyi-baasii hawaasummaa madaala malee osoo lallabanii mul'atu. Qabsoo hadhawaa osoo hindhandhamiin Qeerroo guyyuu diina waliin fuulaa fi fuulatti wal hudhaa jiru biyya ambaa ta'anii hooganuuf hiixatu. Isaan kun yaalii yeroo dheeraa booda akka Qeerroon isaaniif hin hoogganamne waan hubataniif Jaarmaa Qeerroo dadhabiisuu abju'achuu eegalan. Keessattuu, Qeeroon akka gargaarsa saba keenya bira hin agrganne shira adda-addaa xaxuu eegalan. Isaan kun maqaa qofaan abba-qabsoo of-fakkeessuuf ijibaatu, miidiyaa adda-addaa irraattis hooggana Qeerroo fakkeessanii suuraa of kaasuf dhama'u. Odeeffannoo tokko tokko social mediadhaan dabrsuu qofaan hoogganummaa Qeerroo waan harkaa qaban fakkaachuu yaalu. Isaan kun Qeerroon naamusa jabaataa fi hoogana murataa qabaachuu waan hubantaniif, bololli isaan anagoof qaban sun harkatti fashale. Kanaaf, Qeerroo dadhabsiisuuf lafa jala sochii faallaa oofuu toftaa godhatan. Hokkorriin hin barbaachifne sochii Qeerroo keessatti akka baballatu gochuuf tattafachaa turan – ammas itti jiru. Isaan kunis dalagaa fokkataa kana irraa akka of qusataniif Qeerroon waamicha godhaaf. Akkasumas Qeerroon akka isaan bolola angoo irraa qulqulla'anii karaa haqaa qabsoo saba keessatti gahee isaanii akka gumaachaniif waamicha isaaniif dabarsa.

Olola yeroo ammaa deemuuf akka sababa Sadeffaatti ramadamuu kan danda'u ammoo dhaabota siyaasaa Oromoo ilaala. Dhaabonni Siyaasaa Oromoo, Qeerroo keessatti of ijaaranii sochii Qeerroo abboomuuf osoo tattafatanii mul'atu. Isaan kun ofii miseensa horatanii qabsoon wareegama baasanii hojiin lafa irratti qooda gahaa kennuu hanqatuun Qeerroo keessatti of ijaaruu ykn ammoo Qeerroo dadhabsiisanii ofii mul'atuu dhama'aa jiraatuu argina. Sochii Qeerroo tinnisuu fi jajjabeessuu irraa dadhabsiisuu fi itti hinaafuutu mul'ata. Hooggansa Qeerroo to'annoo ofii jalatti qabachuu haqatan olola diiggaa tokko tokko lafa jala Qeerroo irratti oofaa jiraachuun isaanii ifaadha. Haata'u malee, sochiin Bilisummaa Oromoo kan ammaa caalaa akka qindaawuuf Qeerroon fedhii guddaa qabachuun isaa ifaadha. Qeerroon dhaabota siyaasaa fi gurmuulee hawaasa keenyaa kanneen haqaan Bilisummaa saba keenyaaf socho'an waliin wal

tinnisuun wareegama isa irraa barbaachisu gumaachuuf yogguu qophii ta'uu isaa hubachiisuu barbaada. Qeerroon wal hubannoota dhaabonni Oromoo Arfan torbaan darbe keessa mallateessan garaa guutuun deggeruu ibsatuu qofa osoo hin taane waliigalteeen kun akka tahu waamicha godhaa bahe. Kanuma waliin dhaabonni Oromoo hundi dorgommii Qeerroo to'achuuf godha jiran irraa nageenya Qeerroo fi milka'ina sochii Bilisummaaf akka deggaran waamicha goona. Ololaa fi maqa balleessii dhaabota siyaasaa Oromoo keessaa gariin harka lafa jalaan Qeerroo irratti aggamamaa jiru biyya keessattis ta'e biyya alatti akka dhabatu hubachiifna.

Qeerroon ilmaan Oromoo 'saba keenyaa fi biyya keenya diinaaf dhiifne hinbaqannu' jedhan irraa bu'urreffame. Qerroon dhaloota qubee ijaarmaa biyya keenya boruuf bu'uura ta'aniin ijaarame. Qeerroon jaarma dargaggoota Oromoo lubbuu isaanii mirga saba isaaniif gumaachuuf murteeffatan irraa ijaarame waan ta'eef kunuunsfamuu qaba. Ilmaan Oromoo biyyaa keessas ta'e biyya alaa jiraatan Qeerroo irratti olala Wayyaanee fi ergamtoota isheen baname kana dura dhaabbachuun dirqama qabsoo ta'uu isaa hubachuu feesisa. Osoo hin beekiinis ta'e beeka ilmaan Oromoo Qeeroo fi Qabsoo Bilisummaa Oromoo guutummaa irratti olola diiggaa oofaa jirtan gochaa seenaa fokkataa kana irraa akka of qusatan dhaamsa lamummaa isaaniif dabarsuu feena. Har'a guyyaa ilmaan Oromoo wal jeeqan osoo hin taane guyyaa nuti tokkummaan diina mirga keenya nu sarbe foqqolchuu irratti jabaannee hojjechuu qabnu dha. Har'a guyyaan kan ilmaan Oromoo basaastota wayyaanee keessan nu jeequuf fiiganiif jilbeeffatan osoo hintaane, guyya nuti jaarmaa keenya cimsannee saba keenya salphina dhufaa-darbaa jala baafnudha.

Kaleessas ta'e har'a, keessaanis ta'e alaan, sochii sabni keenya mirga isaa gonfachuuf godhu kanneen diinaaf basaasaa turan/jiran gochaa isaanii badaa kanaaf itti-gaafatama kan fudhatan yeroon isaa fagoo miti.

Qabsawaan Ni Kufa

Qabsoon Itti Fufaa!

Ka'e Qeerroo!!

Qeerroo Bilisummaa Oromoo

Caamsaa 11, 2016